nama toltuutti qajeelcheef fakkaataa mindaa nama isa hojjateetu isaaf jira

Abuu Mas'uud Al-ansaarii irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- ni jedhe: Namichi tokko gara Nabiyyiitti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhufuun malli na harkaa badee karaan natti cufame waanan yaabbadhee deemu naaf kenni jedheen, Nabiyyiinis "Hin qabu" jedhaniin, namichi tokko yaa ergamaa Rabbii, anatu nama yaabbannaa isaaf kennutti isa qajeelcha jedhee, ergamaan Rabbiis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhani: "nama toltuutti qajeelcheef fakkaataa mindaa nama isa hojjateetu isaaf jira".

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Namichi tokko gara Nabiyyiitti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhufuun akkas jedhe: yaabbannaan koo na jalaa badde, horii irratti na baadhu, yaabbannaa bakka dhimmaatiin na gahu naaaf kenni, Nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- waan kennanuuf akka hin qabne itti himani, namichi tokko kan isaan bira ture wohii, yaa ergamaa Rabbii, anatu nama yaabbannaa isaaf kennutti isa qajeelcha jedhe, achumaan ergamaan Rabbiis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- mindaa keessatti nama sadaqaa kennateen shariika akka inni ta'e himani, abbaa dhimmaa gara nama dhimma isaaf baasutti waan qajeelcheef jecha.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/5354